STAY SAFE MN

TALAALLII COVID-19 BU'UURA

Talaalliin kan saxaxame dhukkuba ittisuufi dha. Talaalliiwwan COVID-19 qaama keessaniif akkamitti akka vaayirasii COVID-19 adda baafatu fi waraanu himu. Talaalliiwwan COVID-19 isiniif COVID-19 kennuu hin danda'u. Talaalliiwwan COVID-19 dhukkuba COVID-19 irraa isin eeguudhaan baayyee gaarii dha. Erga talaallii fudhattan booda yoo COVID-19 dhukkubsattan, isin baayyee dhukkubsachuuf ykn gara hospitaalatti deemuuf tarii carraan xiqqoo ta'a.

Talaalliin COVID-19 sirrii fii kan hojjatudha.

Talaalliiwwan COVID-19n fayyadama arifachiisaaf seera qabeessa akka ta'u gochuu dura of eeggannoon yaalamaniiru. kumoota kudhaniin kan lakkaa'aman uummata Guraacha, Laatinx, Warra Hindii Ameerikaanii, fi Eeshiyaa qorannoo talaallii Pfizer, Moderna, and Johnson fi Johnson keessatti hirmaataniiru. Hawaasoota kanneen, Hawaasoota naafaa fi LGBTQ+ keenyaa walcinaa wajjin, faayidaalee qorichaa irra hambifamaniiru garuu sanyiin nama qoodu, midhaa qaamaa wal'aansaa, fi midhaa itti fufaa fi seenan mul'ataa ni mudatuu. Dhibbawwan kanneen dhibbaa COVID-19 hawaasoota kanneeniif baayyee badaa godha akkasumas talaalline hojjeetusa fi nama hundumaaf rakko malee ta'uu barbaachisumaa xiyyeeffata.

Talaallii COVID-19 fudhachuun maalif sirra jiraata?

- **COVID-19** irraa of eegi.
- **Hawaasa kee gargaari.** Hojiin, manneen barnootaa fi akkeewwan biroo akka banaman gargaari.
- **Talaalliin kuni** namoota kamiifu BILISA DHA. Inshuraansii fii haalli baqattummaa hin ilaalamu.
- **Weerarichaa akka too'annuuf gargaarsa kee taasisi**.

TALAALLIIN KAN HIN QABNE:

- Tursiistuu
- Omishoota booyyee yookan gelatin
- Buuphaa
- Vaayirasii COVID-19 kan lubbuun jiru

Talaallii yoo fudhattu maaltu sirraa eeggama

- Namootni talaallii kennuu irratti leenji'an adeemsa sitti agarsiisu.
- Talaaliiwwan COVID-19 muraasaaf, eeggamuudhaaf hanga qorichaa lama argachuu isiniif barbaachisa. Namicha talaaliicha isiniif kennu yoo hanga doozii lammaffaa isiniif barbaachisa ta'e fi yoom akka fudhattan isinitti hima. Hanga doozii lamaanuu talaalliiwwan akaakuu kan wal-fakkaatan ta'u qabu. Yoo talaallii Johnson & Johnson argatan, doozii qorichaa tokko qofatu isiniif barbaachisa.

- Talaallii erga fudhattee booda dhiibbaan kamiiyyuu sirra jiraachuu fii dhabuu isaa ni ilaalamta.

- Talaallii keessan yeroo fudhattan kaardii talaallii ni fudhatu. Kuni talaallii akaakuu kam akka fudhattan irratti qaba. Yoo hanga qorichaa lammaffaa barbaaddan, beellamni kaardii talaallii irratti barreeffamuu ni danda'a.

- Talaallii fudhachuun fedhii keeti.

STAY SAFE MN

Eenyutu talaallii fudhachuu danda'a?

Namni kamiiyyuu kan umriin isaa 16 ol ta'e yeroo isaanif dhiyaatutti talaallii COVID-19 fudgachuuu ni danda'a. Kuni immoo namoota dhukkuba adda addaa qaban, kan COVID-19 qabna, umrii, sanyii fi gosummaa addaa addaa qaban hammata. Talaalliin namoota ulfaa fii madinummaaa dadhabaa qabaniifis ni ta'a, garuu talaallii COVID-19 fudhachuu dura haakima isaanii dubbisuutu isaan irra jiraata.

Minesootaan, jalqaba irratti hamma murtaa'aa namoota COVID-19 qabamuudhaaf carraa cimaa fi/yookan COVID-19 irraa baayyee dhukkubsachuu danda'aniif kennuuf karaarfattee jirti.

Karaallee qunnamtii adda addaatin namoota talaalii fudhachuu qaban, yoom fudhachuu akka qaban, fi eessatti fudhachuu akka qaban ni ibsina.

MIIDHAA MASOO

Namootni muraasni erga talaallii fudhatanii booda miidhaa masoo agarsiisu. Miidhaawwan masoo baayyinaan guyyaa tokkoo hanga lamaa kan turanii fii hojii kee irraa sin ittisneedha. Tarii wantootmi sitti dhagahamuu malan:

- **IRREEN LAALACHUU**
- **DHUKKUBBII MAASHAA**
- **DHADHABBII**
- **HEADACHE**
- **HOO'A/QABBANA**

Yoo mallattoo cimaa qabaatte, gara hospitaalaa deemi yookan immoo 911 irratti bilbili.

Keep yourself and others safe

Namni hundumtuu talaallii fudhachuudhaaf yeroo dheeraa ni fudhata. Erga talaallii COVID-19 fudhattan illee, yeroo yaadni kennamuu tarkaanfiwwan ittisa barbaachisaa fudhachuutti itti fufuu qabdu.

Maaskii uffadhu.

Harka kee dhiqadhu.

Namoota biroo irraa faana 6 fagaadhu.

Yoo dhukkubsatte mana turi.

MINNESOTA

mn.gov/vaccine

Minnesota Department of Health | health.mn.gov | 625 Robert Street North PO Box 64975, St. Paul, MN 55164-0975 | 651-201-5000
Bifa biraatin gaafachuuf health.communications@state.mn.us qunnami.

03/12/2021 (Oromo)